# Medical Assistance Filannoo TEFRA jalattii

Medical Assistance (MA)'n filannoo TEFRA jalattii ijoollee hir'ina qaamaa qaban, kanneen maatiin isaanii galiin isaanii baay'ee ol-aanaa waan ta'eef MA dhaaf ulaagaa hin guutne, MA'f ulaagaa guutuu isaan dandeessisa. Ulaagaa MA filannoo TEFRA jalattii guutuuf, daa'imti tokko ulaagaalee armaan gadii hunda guutuu qaba:

- Galiin warraa wayita lakkaa'amee MA'f ulaagaa guuchisuu dhiisuun isaa murtaa'uu
- Umuriin 19 gadi ta'uu
- Yoo xiqqaate warra isa/isii godhatan, maatii guddifatan ykn haadha/abbaa buddeenaa tokko waliin jiraachuu
- Social Security Administration ykn State Medical Review Team (SMRT)'tiin qaami isaa/isii hir'uu ta'uun mirkanaa'uu

Daa'imni isaanii bakkee manaa alaa keessa jira yoo ta'e malee warri daa'imaa kaffaltii warraa ji'a ji'aan kaffalamu kaffaluun irraa hin eegamu.

## Akkaataa Medical Assistance filannoo TEFRA jalattiitiif iyyatan

### Sadarkaa 1ffaa: Gargaarsa Wal'aansaatiif www.MNsure.org'tti iyyadhaa. "Apply for health care WITH financial help" kan jedhu filadhaa.

- Daa'imti keessan Medical Assistance'f yoo dabarfame, MA filannoo TEFRA jalattiitiif iyyachuu isin hin barbaachisu.
- Sababa galii irraa kan ka'e daa'imti keessan MA'f ulaagaa hinguutu ergaan jedhu yoo isin qaqqabe, Sadarkaa 2ffaa itti fufaa.

Odeeffannoo dabalataatiif, How To Apply website. Application forms are available online to download and print MNsure ilaalaa ykn gargaarsaaf 651-539-2099 or 855-366-7873 irratti bilbilaa.

### Sadarkaa 2ffaa: Hennepin County EZinfo lakkoofsa kanaan 612-596-1300 quunnamaa. Faayidaa kunuunsa fayyaa argachuuf lakkofsa 2 tuqaa.

- MNsure irraa diddaan akka isin qaqqabee fi daa'ima keessaniif MA filannoo TEFRA jalattii barbaadaa akka jirtan 'Bakka-bu'aa Tajaajila Namootaa (Human Service Representative, HSR)'tti himaa. Beeksisa diddaa isin qaqqqabe sana of harkatti qabadhaa.
- Akka isaan ilaalanii mirkaneeffataniif, HSR rageeffama hir'ina qaamaa daa'ima keessanii State Medical Review Team (SMRT)'tti galcha.

### Sadarkaa 3ffaa: Daa'imti keessan TEFRA'f ulaagaa hir'ina qaamaa guutuu fi dhiisuu isaa murteessuuf SMRT waliin hojjedhaa.

- SMRT'n paakeetii simannaa adeemsa SMRT ibsuu fi uunkaawwan guutuu qabdan isiniif erga. Uunkaalee sanniin kallattiidhaan SMRT'tti ergaa.
- SMRT odeeffannoo keessan ilaala, kunis ji'oottan hedduu fudhachuu mala. SMRT murtoo isaa wayita murteessu, isinii fi Hennepin County beeksisa.
- Sadarkaa adeemsichaa isa kanarratti gaaffii yoo qabaattan lakkoofsa 651-431-2493 ykn 800-235-7396 tiin SMRT quunnamaa.

### Sadarkaa 4ffaa: Murtoo ulaagaa guutiinsaa Hennepin County irraa barbaadaa

Iyyata isin MA filannoo TEFRA jalattiitiif galfattan irratti murtoon gaafa dabarfamu Hennepin County'n isin beeksisa.

## Maddawwan odeeffannoo

### Hennepin County Economic Supports

Filannoowwan nyaataa, maallaqa callaa, kunuunsa fayyaa, dhimma hatattamaa fi deeggarsa kunuunsa ijoollee, akkasumas deeggarsa mana jireenyaa irratti waa'ee filannoowwan qabdanii baraa.

- Lakkoofsa kanaan bilbilaa hubadhaa: 612-596-1300
- Sa'atii: Wiixataa hanga Jimaataatti, ganama sa'a 9 a.m. hanga waaree booda sa'a 4 p.m. tti.

### Hennepin County Front Door

Daa'imman keessan hir'ina qaamaa qabaniif tajiaajiloota fayyaa adda ta'an argachuu ni dandeessu.

- Lakkoofsa kanaan bilbilaa hubadhaa: 612-348-4111
- Sa'atii: Wiixataa hanga Jimaataatti, ganama sa'a 8 a.m. hanga waaree booda sa'a 4 p.m. tti.

### Marsariitiiwwanii fi sanadoota odeeffannoo dabalataa qaban kan intarneetiirraa (Afaan Ingilizii qofaan):

- Hennepin County health care assistance
- MNsure navigator network
- Medical Assistance under the TEFRA option
- Medical Assistance under the TEFRA option for children with disabilities (DHS 7960)
- Minnesota Health Care Programs (DHS 3182)
- Minnesota Health Care Programs for people with disabilities (DHS 3546A)
- Bulletin 23-21-21 DHS Eliminates Parental Fees for Children Receiving MA under the TEFRA Option and HCBS Waivers (state.mn.us)

## Afaan keessaniin gargaarsa argachuuf

Lakkoofsa bilbilaa kanaan 612-348-2193 Office of Multicultural Services quunnamaa.